Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Mootii Gowwaa Bifaan Bareedaa

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Lyn Doerksen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Saamu'eel, abbaan seeraa fi geggeessaan Israa'el dulloomaa ture. Israa'eli irratati Waaqayyoon tajaajiluun bakka isaa akka qabataniif fi abbootii seeraa akka ta'an taasise. Haata'u garuu ilmaan Saamu'eel cubbamoota. Qarshii jaalatu, qarshii argachuuf humna isaaniitti fayyadamu.



Sababa cubbuu ilamaan isaa irraa ka'een sabin Israa'el in dararame. Manni murtii haqa qabeessa miti. Sabin garagaarsa yeroo barbaadutti ilmaan Saamu'eeliif gargaarsa laatu.

3

Wanti tokko ta'e. Guyyaa tokko, angafoota Israa'el walitti qabamuun Saamu'eel akka isaan gargaaruuf gaafatan.

4

"Akka murtii nuuf laatuuf mootii nuuf laadhu," jechuun angafooti gaafatan. Ilamaan Saamu'eel cubbammoota akka isaan murtee isaaniif laatan hin barbaadine ture. Motii saba hundumaa ija waliqixaan ilaalu barbadaan.



5

Saamu'el in aare. Israa'el mootii qaba! Waaqa isa hundumaa danda'u! Jireenya barabaraa kan qabutu Israa'eliif mootii ta'e geggeessaa jira. Waggoota dheeraa dura garbumma biyya Gibxii jalaa isaan kan baase, akka isaan ce'aniif galaana diimaa bakka lamatti kan qoode.

6



Biyya bareeddu biyya isaaniif kakatame Israa'eliif laate.

7

Yeroo Saamu'el kadahate, Waaqayyo akkana jedhe "Isaan sihiin hin jibbine, ana jibban, ani isaani hin geggeessu. Waaqa tofamaa tajaajilu. Mootii of godhaniiru."



8

Saamu'ee mootiin lafa irraa qarshii keessan sharafaan isini irraa hin fudhatee ittiin of gargaara, ijoolle keessa waraanaaf qopheessa, shamarra keessan akka isaaniif hojjetan ajaja dabara jedhee Saamu'eel akka isaan akeekkachiisu Waaqayyo itti hime.

9

Qonna Wayinii Warra Mootii

Garuu Yeroo kami illee calaa sabin mooticha barbaade.

10

Gara nama baayye bareedaa, ifaa, dheeraa akka dhaquuf Waaqayyo Saamu'eeliin geggesse. Maqaan isaas Saa'ol. Saamu'eel yeroo Saa'oliin arge, Waaqayyo akka jedhe, "Namichi kun saba koo irratti geggeessaa dha."

11

Abboomamuudhaan, Saamu'eel mootii Israa'el akka ta'uuf dibee, yeroo Saa'oliin saba Israa'eliif ibsu, isaanis in iyyan "Mootii umurii dheeraa jiraadhu."

12

Battaluma sanaan Saa'ol qoramee ilaalame. Israa'eliin kan jibban Amoonoti magaalaa Israa'el marsan hunduma keessa ija mirgaa baasuudhaan sodaachisan. Maali karoorri gara jabeessi akkasii!

13

Oduun sodaa Mootii Saa'oliin bira ga'e. Loltoota isaa qopheesse.

14



Yeroo loltooti garee lamaanii wal argan, Saa'ol Amoonota fi magaala isaanii bal'eesse. Mootiin Saa'ol "Guyyaa har'aa hamaa irra adda ba'uu fiixaan ba'e!" jechuun. Waaqayyof galata dhiyeesse.

15

Guyyaa sana Waaqayyo Saa'oliif mo'icha guddaasaa laate. Garuu Saa'ol yeroo hundumaa Waaqayyoof ulfina hin laatu. Guyyaa tokko utuu warra Filsxeemotaa wal hin waraanin dura warregama barbaachisu Waaqayyoof ooluuf of qopheesse.



16

Hojii Saamu'eel sana in beeka. Hamma Saamu'eel raawwatutti akka inni eeguu qabu fedha Waaqayyoo akka ta'e beeke. Garuu Saa'ol Waaqayyoof hin abboomamne!



17

Yeroo Saamu'eel dhufu, "Waan hojjette gowwummaan hojjette. Abboommii Waaqa kee hin eegine kanaaf, mootummaan kee kana booda itti hin fufu jechuun Saa'olitti hime."



18

Cubbuu xiqqoodha jedhee Saa'ol itti himus abboomii Waaqayyoo diduun yeroo hundumaa cubbuu isa cimaadha.

19

Yeroo biraa, Waaqayyo akka Saa'ol warra cubbuu hojjetan saba Amaaleekii akka balleesuuf ajaje. Saa'olii sabin Amaaleeki mootiin Agaag akka lubbuun jiraatu taasisa.



Hoolaa fi sangaa qaban wareega Waaqyyoo dhiyeessuuf jedhe Saa'ol.

20



"Abboomamuun wareega caala," jechuun Saamu'el itti hime. "Saglee Waaqayyoo gateetta, Waaqayyo immoo mootii Israa'el ta'uu irra si haqeera." Saa'ol cubbuu hojjetetti hin gaabbe. Garuu yeroo itti darbeera. Sababa Waaqaaf hin abboomamneef jireenyi isaa hundumtuu gammachuu dhabe.

Mootii Gowwaa Bifaan Bareedaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Saamu'eel isa duraa 8-16

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

18

60

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16